



Akkamiin Nalokzoonii fayyadamna

Funyaanitti biiffachuun — walitti hidhuu hin barbaadu. Meeshicha hin qoratin. Meeshaan tokkichi si'a tokko fofa hojjeta. Meeshaalee lamaan barbaaduu maltu.




Lilmeen kan kennamu – Kun walitti qindeessuu gaafata.



Hargansuu oolchuu

1. Nama sana dugdaan qajeelchaa ciibsaa.
2. Suuta mataa isaanii ol qabaa. Funyaan isaanii qabaa.
3. Funyaan isaaniitti hargansuu ariifataa lamaa itti baafadhaa. Qomni (garaa utuu hin taane) ol kahuu qaba.
4. Secondi 5 shaniin hargansuu suuta jedha 1 hamma isaan harganuu eegalanitti yookaan dammaqanitti kennaafii.



Oppooyidii Humnaan Ol Fudhatameef Deebii Kennuu:

Yeroo oppooyidii humnaan ol fudhattan, hargansuun daqiiqaawwan muraasa keessatti dhaabbachuu mala. Tarkaanfilee fudhatan beekuun **ARIITIIN** waa gochuun akkasumas hamma Oksiiinii guddisuun lubbuu hambisuuf gargaaruu danda'a.

1. Deebii kennuu isaanii adda baasaa

Sosochoosaatii maqaa isaanii waamaa, barruu harkaa keessaniin jabeessaatii lafee qomaa isaanii rigaa – gocha lafee harmaa (sternum) hamma dandeessan jabeessitanii riguu secondiilee 10'f raawwadhaa.

2. 9-11 bilbilaa

Namni wayii harganaa akka hin jirre fi bakka keessan isa sirrii kan bilbila isinirraa kaase/ste tti himaa. Waa'ee qorichootaa yookaan daawwaalee bakka sana jiran homaa dubbachuu hin qabdan. Seerri Samiritaan Gaarii Isteetii WA yeroo isin 9-1-1 irratti bilbiltan nama qoricha humnaan ol fudhateef eegumsa ni godha (RCW 69.50.315).

3. Nalokzoonii kennaa

4. Hargansuu oolchuu jalqabaa

5. Yoo deebiin hin jiraanne isteepilee 3 & 4 irra deebi'aa

6. Daqiiqaawwan 3 booda deebii hin kennan yoo tahe doozii kammaffaa kennuu qabaachuu maltu

7. Hamma gargaarsi dhaqqabutti isaan waliin turaa

Yoo danda'ame hamma gargaarsi dhaqqabutti isaan wajjin eegaa. Yoo eeguu hin dandeessan tahe, kallattii bayyaannannaatti bakka nageenya qabuuf argamuu danda'anitti isaan garagalchaa.

Yoo namni sun harganuu eegale, garuu dammaquu dadhabe/de, cina isaaniiin kallattii bayyaannannaatti isaan garagalchaa.

Namni Naalokzoonii fudhate jeeqamuu, dhukkubbii qabaachuu, yookaan mallattooleen irraa bahaa deemuu itti dhaga'amuu danda'a. Qorichoota sana akka isaan hin fayyadamneef irraa eegaa. Yaadadhaa, nalokzooniin daqiiqaawwan 30-90 keessatti ni bada, isa booda deebi'anii humnaan ol qoricha fudhachuu malu.

Ittisa Oppooyidii Humnaan olii & Qajeelfama itti fayyadama Nalokzoon



Namni oppoyidii fayyadamu kamuu humnaan ol itti tahuu waan danda'uuf nalokzoonii baadhachuu qaba/di

Oppooyidii fi Humnaan ol tahuu oppoyidii

Oppoyidiiniin daawwalee dhukkubbii ajajaman, heroyinii, fi fentaanaayilii hammachuu danda'a. Oppoyidoonni hargansuu namaa gadi buusuun yookaan akka dhaabbatu gochuu danda'u. Namni tokko hamma oppoyidii qaamni isaanii baachuu danda'u ol yoo fudhatan, of wallaaluun, hagsuu dhaabani, ni du'u. Kun oppoyidii humnaa ol namatti tahe jedhama. Humnaan ol namatti tahuun si'a tokkoon yookaan yeroo keessa nama mudachuu danda'a.



Balaawwan Oppooyidii Humnaan ol Fayyadamuu

- **Erga adda kutanii booda deebi'anii oppoyidii eegalu yookaan gosa/doozii jijjiiruu.** Kun kan hammatu erga mana hidhaatii yookaan amala sirreessaatii bahanii, waldhaansa qorichaa gosa muraasaa fi dhukkubsatanii hospitaala erga seenanii booda. *Obsaan danda'uun battala hir'ata, guyyoota muraasa keessatti illee.*
- **Oppoyidii wantoota nama tasgabbeesan/raffisa** kanneen akka *alkoolii, gargaartuu hir'ibaa, yookaan benzodiyazipayins* ("benzos (beenzos)" akka Valium fi Xanax) wajjin walitti makuu. Yeroo tokkotti qoricha gosa tokko qofa fayyadamuu yookaan tokkoo tokkoon qorichaa irraa xiqqoo xiqqoo fayyadamuu. Xiqqeessanii eegaluun suutan suutan deemuu.
- **Daawwalee dhukkubbii hir'isuuf ajajaman doozii/hamma olaanaa fudhachuu fi/yookaan hamma ajajame ol deddeebi'anii fudhachuu**
- **Daawwaa dhukkubbii nama biraa fudhachuu**
- Sababa hamma qulqullinaa fi madda hin beekamneef, **heroyinii yookaan qoricha gosa kamuu Faarmaasii yookaan raabsituu kanaabisii irraa hin fudhatamne fayyadamuu**
- **Dhibeewwan onnee, kalee, yookaan sombaa,** kan dandeettii qaamaa qoricha humnaan olii loluu danda'u miidhuu malan
- **Yeroo darbe humnaan ol fudhachuu**
- **Kophaa fayyadamuu:** yeroo humnaan ol fudhattanii jirtan nalokzoonii ofii kennuu hin dandeessan. Hiriyoota yookaan naannoo namoota birootti fayyadamuu yaalaa.



Mallattoolee Oppooyidii Humnaan olii

- Hargansuu hin jirre yookaan suuta jedhaa tahe, akka waan rafanii fakkaachuu malu
- Gorgoruu, hafuura qabachuu, yookaan aaduu
- Qeensota qubaa yookaan hidhii diimadii, daalacha, yookaan cuquliisa
- Hidhiin nama adii hin taane addaachuu, garmalee diimadii tahuu
- Gogaa qorraa, dafqaa
- Sochooftuu alaaf deebii kan hin kennine

Yoo namni sun mallattoo oppooyidii humnaan ol fudhachuu agarsiise, yoo wanta/qoricha namni sun fudhatee hin beektan yoo tahellee nalokzoonii kennaafii.


Nalokzooniin daawwaa nageenya qabu kan **yeroodhaaf** dhiibbaa oppooyidii dhaabuun namni sun deebi'ee hafuura baafachuu akka eegalu kan gargaaruudha.

Nalokzooniin oppooyidii qofa irratti waan hojjetuuf nama gosa qorichaa garagaraa fudhate irratti dhiibbaa hin qabu.

Isteetii Washington keessatti, namni kamiyyuu faarmaasii gurgurtaa irraa yoo ajaja doktoorii hin qabaannellee nalokzoonii argachuu danda'a. Dhiyeessitoota jalqabaa irraa ajaja malee nalokzoonii raabsuuf Ajaja Dhaabbataa Isteetii WA fayyadamuu dandeessu.



Akkamiin nama qoricha humnaan ol fudhate akka bayyaannachiisuu viidiyoo/suursagalee leenjii ilaalaa
<https://vimeo.com/357020563> yookaan stopoverdose.org/section/take-the-online-training/



Barruu kana hiriyaa keessaniif yookaan miseensa maatii keessaniif qoodaa
Bilbila harkaa keessaniin suura kaafadhaa, barruu nalokzoonii ol ka'adhaa, akkasumas caalmaatti hubachuuf stopoverdose.org yookaan bit.ly/naloxoneinstructions daawwadhaa.

Yoo waan isiniif hin ajajamin kamiyyuu fudhachaa jiraattan yookaan faarmaasii irraa fudhattan yookaan raabsaa kanaabis irraa bitattan:

Waan isin fudhataa jirtan fentaanaayilii of keessaa qabaachuu maluu tilmaamaa, kunimmoo balaawwan oppooyidii humnaan ol fudhachuu akka malee ol kaasa.

Kun leenjii qoricha humnaan fudhachuu deebii kennuu guutuu dhiyeessaa medikaalaa yookaan barsiisaa fayyaa irraa kennamu kan bakka bu'u miti. Qabiyyeen maxxansa kanaa muraasi Muummee Fayyaa WA fi ADAI irraa kan fudhatameedha. Qajeelfamni biiftuun funyaanii naalokzoonii Adapt Pharma/ Emergent BioSolutions irraa kan fudhatameedha.